

Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa



**Adeemsa Qorannaa Yakkaa Duraa fi Eegumsa Raga-
baatootaa fi Saaxiltoota Gochoota Yakkaa**

**Leenjistoonni:-1) Fedhasaa Mangashaa
2) Gammachuu Nigusee**

Saadasa 2013

Sabbata

Dhuubbaa (Abstract)

- **Sirni qorannoo duraa(preliminary inquiry) fi eegumsi raga-baatotaa fi saaxiltoota gochoota Yakkaa (Whistleblowers)'f taasifamu sirna seeraa Itiyoophiya keessatti haguuggii seeraa erga argatee bubbuleera.**
- **Haa ta'u malee, faayidaa isaa beekuu dhabuu irraa kan ka'e ykn rakkoo diinagdee irraa kan ka'e hanga ammaatti seeronni kun hojiirra oolanii jiru jechuun ni ulfaata.**
- **Kanaaf, muuxannoo gama kanaan jiru akkuma biyyaattiitti argachuun ulfaataadha.**

Itti...

- Yeroo dhiyoo asitti haalli raawwii gochoota yakkaa wal-xataa fi teeknoloojiin deeggeramaa dhufuu isaatiin Qorannoon Duraa (*kanaan booda QD kan jedhamu*) fi Eegumsi ragootaa fi saaxiltoota gocha yakkaa (*kanaan booda SGY ykn WB jedhamu*) xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'aa dhufeera.
- Keessattuu, dhiibbaan ragootaa fi SGY irra gahu dabalaa dhufuu isaatiin sirni haqaa akkuma addunyaatti iyyuu yaaddoo keessa galee jira.

Itti...

- **Fkn:-yakka malaammaltumaa, shororkeessummaa, saamicha cimaa, yakkoota ajjeechaa suukenneessaa fi yakkoota garee qindaa'een ijaaramuun raawwataman fi yakkoota daanga ce'ii jedhaman biratti dhiibbaan ragootaa fi SGY irra gahu akka malee dabalee jira.**
- **Kanumaan miidhaa isaan irra gahu yaaduudhaan ragaan dhugaa dubbachuurraa**

❑ **Maddawwan Wabii Leenjii kanaa:-**



**Seeroota muumme:-HMFDRI, Labsii
699/2003(protection for witness and
whistleblowers), Lakk.881/2009, Labsii
1156/2012, fi 1176/2012 fi kan biroo,**



**Duudhaalee seera ragaa idil-addunyaan
fudhatama argatan fi Waliigalteewwan Idila
addunyaa mata duree kana ilaallatan:UNTOC,
UNCAC fi kan biroo,**



**Seerota Deemsaa:-SDFY, Wixinee Seera deemsa
Yakkaa Itiyoophiyaa,**



Imaammata Haga Yakkaa Itiyoophiyaa (ECIP) fi

ILO/Kaayyoo Leenjichaa/:-

➤ **Xumura**

Leenjii

kanaatti

Leenjifamtoonni :-

- **Adeemsi **QD** (preliminary inquiry) maal akka ta'e, barbaachisummaa isaa, eenyu qorannoo duraa kana akka gaggeessuu fi gufuuwwan raawwii isaa irratti SDFY keenya muuxannoo addunyaa wajjin wal-bira qabuun hubannoo qaban gabbifachuun ittiin hojjetu jedhamee eegama.**
- **Tarkaanfilee Eegumsa raqoolee fi saaxiltoota**

Itti...

- **sirna haqaa keessatti qaban, gufuuwwan raawwii isaa, akkamitti hojiirra akka oolan, dhimmootaa fi namoota akkamiitiif eegumsi akka taasifamu, eegumsa kana keessatti gahe baatonni eenyu akka ta'an, qaamolee tarkaanfilee kana fudhachuu qaban, turtii tarkaanfilee kanaa fi daangaan isaa maal fakkaata kan jedhu adda baasuun qabatamaan itti hojjetu jedhamee eegama.**

Kutaa Tokko

**Maalummaa fi Barbaachisummaa
Qorannoo Yakkaa Duraa**

Qorannoon Duraa Maali?

QD...?

- **Qorannoo duraa ilaalchisee seerri deemsa falmii yakkaa amma hojiirra jirus ta'ee wixineen seera kana fooyyessuuf qophaa'ee jiru hiikkaa itti kennee hin jiru.**
- **Haa ta'u malee, wixinechi kwt 144 jalatti kaayyoon qorannoo duraa maal akka ta'e kaa'ee waan jiruuf, hiikkaan kallattii yoo dhabame illee maalummaa qorannoo duraa biyya keenyaa hubachuun ni danda'ama.**

QD...?

- **Biiyyoota tokko tokkotti jechi Afaan Ingiliffaan “preliminary inquiry” jedhame, “preliminary hearing”jedhamees ni waamama.**
- **Guuboon jechootaa Black’law(7th ed.) yeroo hiiku: “a criminal hearing (usu.conducted by a magistrate) to determine whether there is sufficient evidence to prosecute an accused person. If sufficient evidence exists, the case will set for trial.... *Also termed as preliminary***

QD...?

- The preliminary hearing is like a **mini trial** (USA. Attorneys, Justice 101).
- Kana irraa kan hubannu, qorannoon duraa mana murtiin kan geggeeffamu ta'ee, qorannaa poolisii boodaa (*after police investigation*) fi Dhagaha guutuu fuula dura (*before court trial*) kan geggeeffamuudha.

BARBAACHISUMMAA QD?

- **Muuxannoo biyyoota “Common law” yoo ilaalle, kaayyoon QD inni guddaan ragaan AA dhagaha guutuuf dhiyeessisuuf quubsaa ta’uu fi dhiisuu isaa murteessuuf gargaara...to decide on the sufficiency of the prosecution’s evidence to go to trial.**
- **Akka muuxannoo kanatti, QD qabeenyaa fi yeroo qusachuuf, dhimmicha ariitiin xumuruuf, akkasumas yoo ragaa quubsaan hin jiraanne shakkamaan to’annaa jalaa akka bahuuf haala**

Barbaachisummaa...

- SDFY keenya garuu kaayyoon QD ragaadhuma galmeessanii (record) ol-kaa'uuf malee waa'ee ragaan AA dhagaha guutuuf quubsaa ta'uu fi dhiisuu murteessuuf miti.
- Imaammata Haqa Yakkaa (**ECJP**) keessattis QD faayidaan isaa ragaa galmeessuun ol-kaa'uuf akka ta'e ibsee jira.
- Wixinechi kwt 144 jalatti yeroo ibsus: *የቀርባኝ ሚኒስቴር ዓፄ ማርያም ብርሃኑ ማስረጃ እንዲሁም ተከላኹ እንርህ መዘገብ እና የሚፀጠሩ ገዢዎች ማስረጃ መያዝና መጠበቅ ነው።* jedha. Kun immoo eegumsuma ragaa qofaaf QD kan barbaachise ta'uu argisiisa.

Barbaachisummaa...

- Jechi ragummaa QD keessatti galmaa'ee taa'e kun immoo haalota lama keessatti dhaddacha Mana Murtii Ol'aanaa (kanaa booda MMO)tti himatamaaf dubbifamuun akka ragaatti himatamaa irratti dhiyaachuu danda'a (kwt 144). Isaanis:
- **Inni tokko:-**yeroo dhagaha guutuutti ragaan sun yoo du'ee jiraate ykn maraatummaa keessa yoo jiraate, ykn argachuun kan hin danda'amne yoo ta'e, dhukkuba dhaddachatti akka hin dhiyaanne isa taasisu yoo qabaate, ykn biyyattii irraa badee yoo jiraatedha.

Barbaachisummaa...

- **Inni lammaffaan:-** jechi ragummaa ogeessaa QD duraa keessatti galmaa'ee taa'e yoo jiraate, ogeessichi MMotti yoo waamamuu baate illee himatamaaf dubbifamee akka ragaatti irratti dhiyaachuu danda'a.
- Haa ta'u malee, SDFY amma hojiirra jiru himatamaan ragaa ittisaa isaa galmeessifachuu akka danda'u hin heyyamne, garuu Wixineen SDFY ifatti himatamaanis galmeessifachuu danda'a jedhee jira(kwt 144(3)).
- Kanaaf, qeeqni kallattii garaagaraan jiru akkuma jirutti ta'ee ; yoo akka wixinechaatti bal'isnee hiiknee itti fayyadamna ta'e; QD kun kallattii lamaan himatamaa illee fayyaduu danda'a.

Barbaachisummaa...

Isaanis:-

- I. Faayidawwan SDFY kwt 144 jalatti ibsamani jiran irraa himatamaan illee fayyadamaa ta'uu wanti dhorku hin jiru. **SDFY Kwt 89(3) garuu qajeeltoo kana kan diigu fakkaata. Tarree ragaa yeroo dhagaha guutuu dhiyeeffachuu barbaadu qofa akka dhiyeeffatutti malee akka galmeessifatuuf hin heyyamu. Heeraa kwt 25 wajjin haa ilaallu (the right to equality of arms!!)**
- II. Himatamaan jecha ragootaa QD keessatti galmaa'uu waan dhaggeeffatuuf, yeroo dhagaha guutuutti of irraa ittisuudhaaf yeroo fi carraa bal'aa argata jedhamee yaadama.

Gaaffilee Marii

- 1. Barbaachisummaan QD gaggeessuu ragaa galmeessanii kaa'uu qofaaf ta'uun isaa hiika hin qabu jedhanii ogeessonni qeeqan ni jiru. Sababni isaa adeemsuma tokkicha akka irra deddeebi'amu taasisa waan ta'eef, osoo dhimmichi kallattiin dhagaha guutuutti deemee caalmaatti ariifataa fi bu'a qabeessa ta'a jedhu. Isin maal jettu?**
- 2. QD keessatti jechi ragummaa fuudhame akkaataa SDFY kwt 144tti ragaa ta'ee**

Gaaffii...

3. Amnesty International akka jedhutti,
“Art.144 of the draft criminal procedure is *to*
bring it in line with the purpose of preliminary
inquiries in other jurisdictions and, specifically,
to clearly articulate that preliminary inquiries
will be held to establish whether the
prosecution has sufficient evidence to go to
trial”jedha. Yaada kana itti waliigaltuu?Maaliif?

QD BU'UURA HEERAA QABAA?
(Constitutionality OF PI)

Constitutionality of PI...?

- Heerichi seensa jalqabaa keessatti, nageenya amansiisaa uumuu fi ol'aantummaa seeraa akka dhaadannootti qabatee bocamee jira...²**Lm**
cLU&^aef“ ÁK¬ ÈV_i ^c= □_h”Ç=cõ”&...uQÓ
³/₄uLÃ'f...jedha.
- Gama biraatiin immoo mirgoota namoomaa fi diimokiraasiitiif Heerichi haguuggii bal'aa kennee jira(Chapter 3 kwt 13-43 almost 30 articles).

Constitutionality of PI...?

- **Tumaalee kanaa fi akka waliigalaatti kaayyoo Heerichi tumameef bakkaan gahuudhaaf immoo itti gaafatamummaa guddaan Qaamolee Mootummaatiif kennamee jira(kwt 12).**
- **Kanaaf, qaamoleen Mootummaa qajeeltoo heerichaa hubatanii iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojiirra oolchuuf dirqma heeraa qabu jechuudha.**
- **Dabalataan immoo Heerichi kwt 19(5) fi 20(3)**

Constitutionality of PI...?

- Akkasumas, namni himatame tokko ariitiidhaan dhaddacha ifaatti dhimmi isaa ilaalamee murtii argachuu akka qabuu fi **mirga ragaa irratti dhiyaate hundumaa argachuu fi gaaffii qormaataa gaafachuu akka danda’u** heerichi kwt 20(1 fi 4) jalatti tumee jira.
- Kanaaf, yeroo qorannoon geggeeffamuttis ta’ee yeroo mana murtiitti himatamee adeemsi falmii eegalutti illee qajeeltoowwan heerichaa bu’uureffachuudhaan dantaa hawaasaaf hojjechuun akkuma jirutti ta’ee, mirga himatamaa ykn shakkamaa eeguun dirqama ta’a jechuudha

Constitutionality of PI...?

- **Waan ta'eef, mirga hawaasaa fi dhuunfaa himatamaa /shakkamaa/ wal-madaalchisaa deemuun dirqama ta'a.**
- **Kana keessatti immoo adeemsi **QD** Mana Murtiitiin waan geggeeffamuuf irra caalaa ragaan fuudhamee galmaa'u kan qaamolee biroo caalaa amansiisaa ta'a jedhamee yaadama.**
- **Sababni isaa ragooleen jecha isaanii dirqamaan hin kennan, himatamaanis yoo fedha isaa ta'e qofa yaada isaa ibsata malee dirqamee miti.**

Constitutionality of PI...?

- **Akkasumas, adeemsa Mana Murtii keessatti dhimmoota muraasa irraa kan hafe, dhaddachi illee uummataaf banaa waan ta'eef; adeemsi qorannoo duraa kun caalmaatti iftoomina kan dabaluudha.**
- **Haa ta'u malee, QD keessatti himatamaanis ragoolee ittisaa qabu kamiin iyyuu galmeeffachuu qaba. SDFY amma hojiirra jirus akkaataa qajeeltoo heeraa armaan olii kanaa fi qajeeltoo wal-qixxummaa (the right to equality of arms) kan heericha kwt 25 jala jiru wajjin wal-simee hiikamee hojiirra ooluun dirqama ta'a.**

Gaaffilee Marii

- 1) Yaad-rimeewwan Heeraa fi SDFY keessatti
ibsamanii jiran irratti hundooftanii yeroo
ilaaltan, QD keessatti himatamaan gaaffii
qaxxaamuraa gaafachuu danda'a moo hin danda'u
jettu?Mirgoota heeraan kennamaniif manni murtii
itti himuu qaba moo hin qabu?Maaliif?**
- 2) Ragaan A/Alangaa QD keessatti yeroo dhagahamu,
himatamaan ragoolee ittisaa dhiyeeffachuu
danda'a moo miti?Maaliif akkamittis dhiyeeffata?**

Muuxannoo USA:

- **Qorannaa duraa fuula dura sirna dhagaha jalqabaa(Initial hearing/Arraignment/ jedhamu qabu. Sirna kana keessattis ta'ee qorannaa duraa keessatti aangoon kan Magistrateti.**
- **Dhagaha jalqabaa kana keessatti himatamaan akkuma mana murtiitti dhiyaateen, mirgii fi dirqamni isaa itti himama, mirgi abukaatoo qabaachuu itti himama, mirga wabiin bahuu fi dhiisuu irrattis murtiin ni kennama.**

Muuxannoo biyyootaa...

- **Dhimmoota baay'ee keessatti mirgi wabii kan eegamu yoo ta'u, guyyaa sana abbaan seerichaa himatamaa ni qorata.**
- **Bakka yakkichaa yeroo hangamii akka jiraate, maatii qabaachuu fi dhiisuu isaa, kanaan dura yakka raawwatee jiraachuu fi dhiisuu isaa, balaafamummaa himatamaan hawaasaaf qabu, dhiibbaa ykn miidhaa ragoota irraan geessise qabaachuu fi dhiisuu isaa ni qorata.**

Muuxannoo biyyootaa...

- **Himatamaan gocha isaa amanee murtiin balleessummaa hanga itti hin kennamnetti, yeroo tokko tokko qorannoon duraa ni geggeeffama. Abbaan Alangaa qorannoo duraa yeroo hunda hin gaafatu, fedhii himatamaa irratti kan rarra'udha.**
- **Qorannoon duraa kun himatamaan Mana Murtiitti dhiyaatee guyyaa 14 keessatti geggeeffamuu qaba(yoo to'annaa jala jiraate), yoo ta'annaa ala jiraate immoo guyyaa 21 keessatti gaafatamuu qaba.**

Muuxannoo biyyootaa...

- **Abbaan Alangaa ragaa isaa dhiyeeffatee dhageessifata, himannaan ni dubbifama, himatamaan gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu danda'a. Haa ta'u malee, ragoota mormuu hin danda'u.**
- **Manni murtii ragaa dhaggeeffatee galmeesse irratti hundaa'uun himatamaan yakka jedhame raawwateera amansiisa (*probable cause*) jedhu yoo qabaate, dhimmicha dhagaha guutuudhaaf dabarsa.**

Muuxannoo biyyootaa...

- Yoo sababa himatamaa himachiisu hin arganne, himannaa Abbaa Alangaa ni haqa(dismiss the charges) (*trial US.Attorneys, Justice 101*).
- Haa ta’u malee, qajeeltoon yeroo lama himatamuu dhabuu (**double jeopardy**) sadarkaa QD kanatti hin hojjetu. Sababni isaa **sababni himannaa** dhagahaaf dhiyeessu hin jiru(determining probable cause)dhaaf malee himatamaa bilisa gaggeessuu ykn adabuu(acquittal or conviction) wajjin wal-hin qabatu.

Muuxannoo biyyootaa...

- **A/Alangaa ragaa dabalataa barbaaddatee himannaa haaraa hundeessuu danda'a, himanni yoo haqame iyyuu sababni himannoo (probale cause) jiraachuu isaa iyyuu Abbaa seeraa ol'aanu (grand jury)tti dhiyeeffachuu danda'a.**
- **Biyya kanatti adeemsi seeraa (due process of law) mala ittiin mirga bu'uuraa fi bilisummaa namoota dhuunfaa ittiin tiksan waan ta'eef, adeemsi seeraa akka wabiitti ilaalama.**
- **Kanaaf, QD kun adeemsi qorannaa fi himannaa A/A karaa sirrii seerri jedhu irra jiraachuu fi dhiisuu isaa kan ittiin mirkaneessan keessaa tokko ta'ee fudhatama.**

Muuxannoo biyyootaa...

- **Kunis kan ta'eef, sababni himannaa bu'uureessuu fi dhagahaaf deemsisu hin jiru yoo ta'e, akkasumatti himchuun xiin-sammuu himatamaa, kabaja himatamaa fi diinagdee himatamaa miidhuu waan danda'uufiidha.**
- **Kana malees, mirga himatamaan dhagaha duraa keessatti qabu kanneen akka sakatta'iinsii fi qabiinsi seeraan alaa akka hin jiraanne, dirqiin amansiisuu (coerced confession) jiraachuu dhabuu, mirga gorsaa fi abukaatoo dhaabbachuu mulqamuu fi dhiisuu fi kkf yeroo itti sakatta'amuudha.**

Itiyoophiyaatti...

- **Gara biyya keenyaatti yeroo deebinu, The FDRE Constitution: ‘accused persons have the right to full access to any evidence presented against them, to examine witnesses testifying against them, to adduce or to have evidence produced in their own defense, and to obtain the attendance of and examination of witnesses on their behalf before the court’ (art 20.4).**
- **Akkasumas, SDFY keenya QD keessatti mirgi himatamaan callisuuf qabuu fi murtiin **balleessummaa/bilisaa** kan itti kennamu MMO’naan ta’uu itti himamamuu qaba jedha(kwt 85).**

Itiyoophiyaatti...

- **Akkasumas, the CPr.code also recognizes the right to cross examination with the purpose to ‘show to the court what is erroneous, doubtful or untrue in the answers given in examination-in-chief’ (art 136).**
- **The famous legal notion - right to ‘equality of arms’ underlines accused persons right to get full access to any evidence presented by**

Itiyoophiyaatti...

- Yaadota armaan olii giddu-galeessa yeroo godhannu, himatamaan ragaa A/Alanagaa gaaffii qaxxaamuraa gaafatee kunumti galmaa'uu akka qabu namatti mul'isa.
- Dabalataan immoo SDFY kwt 88 yoo ilaalle, gara kwt 147tti qajeelchee jira. Kana jechuun jechi ragootaa yommuu fuudhamu adda adda bahee **deebii gaaffii duraa, qaxxaamuraa fi keessa deebii** ta'ee galmaa'uu akka qabu kwt 147(3) irraa ni huabatama. Kana jechuun adeemsa QD keessatti gaaffiin qaxxaamuraas ta'ee keessa deebii jiraachuu isaa mul'isa.

Itiyoophiyaatti...

- **Haa ta’u malee, ragaa ittisaa dhiyeeffatee of irraa ittisa jechuun rakkisaadha. Ragaa ittisaa dhiyeeffachuun galmeeffachuu fi ittiin of irraa ittisuun garaagara ta’uu hubatamuu qaba.**
- **Ragaa ittisaa dhiyeeffatee galmeeffachuun wal-qabatee SDFY callisee jira. Kan inni ibsee jiru himatamaan yoo fedhii isaa ta’e ragaa A/Alangaa irratti yaada dhiyeessuu danda’a, ykn dhiisuu danda’a kan jedhu qaba.**
- **ECJP garuu himatamaan ragaa ittisaa dhiyeeffatee galmeessifatee ol kaa’achuu yoo barbaade ni danda’a yaada jedhu ibsee jira.**

Itiyoophiyaatti...

- **Kanaan alatti faayidaan QD sirna seeraa keenya keessatti ifaan hin ibsamne, hojiirras hin oolle jechuu dandeenya.**
- **Tarii gara fuula duraatti sirni diimokiraasii sirnaan lafa qabachaa yeroo adeemu, sirni haqaa biyyattiis jabaachaa yeroo adeemuu fi haalli raawwii gochoota yakkaa wal-xataa ta'aa yeroo deemanitti sirni kun barbaachisummaan isaa dabaluun hin oolu ta'a.**

Daangaa QD, Aangoo QD Gaggeessuu fi Adeemsa QD

- **Daangaa dhimmaan wal-qabatee** , QD kun dhimmoota hundaaf akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Akka SDFY kwt 80 irraa hubatamutti, akkaataa lamaan QD kun gaggeeffamuu danda'a.
- **1ffaan:-** yakka ajjeechaa cimaa SY kwt 539 fi waanbadummaa cimaa 671 jala jiran qofaa irratti adeemsi kun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Tumaan seeraa kun yakkoota kanaan wal-qabatee yoo iyyata A/Alangaatiin MMotti akka kallattiin ilaalamu ajaje malee QD gaggeessuun dirqama akka ta'etti tumee jira.

Daangaa...

- **2ffaana:-**Yakkoota armaan olii kanaan alatti kanneen aangoo jalqabaa MMO ta'an irratti Abbaan Alangaa akkaataa SDFY kwt 38(b)tti QD gaggeessuun barbaachisaadha jedhee yoo ajajeedha.
- **Hambifannaa(Exception):** - Yakka ajjeechaa cimaas ta'ee waanbadummaa cimaas, akkasumas yakkoota biroo aangoo jalqabaa MMO yoo ta'anis, yakkichi dargaggootaan kan raawwataman yoo ta'e, tumaaleen QD kun raawwii hin qabaatan (**Amharic version is absent**).

Gaaffilee Marii

- 1. S/D/F/Y kwt 80(1) jalatti yakkoota ajjeechaa fi wanbadummaa cimaatiif Qorannoo duraa gaggeessuu akka dirqamaatti kaa'a. Haa ta'u malee, A/A yoo heyyama gaafachuu baatee fi himanni idilee kallattiin yoo baname bu'aa akkamii fiduu danda'a?**
- 2. Himatamaan hoo akkaataa kwt 130(2)(e)tti mormii sadarkaa duraa "permission to prosecute is not obtained" kaasuu danda'aa? osoo kaasee hoo?**

Daangaa...

- **Imaammatti haqa yakkaa (CJP) immoo QD haalota armaan gadii ilaalcha keessa galchuu akka qabu ibsa. Isaanis:-**
 - ❖ **Ragawwan baay'ee barbaachisoo sirnaan qabuun dirqama A/A ta'uu ibsuudhaan yakkoota aangoo MMO ta'an, keessattuu yakkoota kanneen heeraa fi sirna heeraa balaa irra buusan, shororkeessummaa, malaammaltummaa, yakkoota garee gindoomoon raawwataman ajjeechaa cimaa fi**

Daangaa...

himannaa hundeesse malee eegumsa ragaa namaa fi kan birootiif jecha MM jalqabaatti QD geggeeffamuun galmeeffamuu akka qabu ibsa.

❖ Yeroo QD geggeeffamu himatamaanis ragaa ittisaa qabu galmeessifatee ol-kaa'achuu akka danda'us ni ibsa(...ቀርባሚ ምርመራ በሚሰራበት ወቅት ተከላኹም በበኩል ያልተሰጡትን ማስረጃዎች እንዲያስቀምጡዎታል ብሎ ማወቅ ይቻላል፡፡)

Daangaa...

- **Wixinee SDFY kwt 145 jalatti immoo banaa godhee jira. Abbaan Alangaa kallattiin yoo himate malee yakkoota ciccimoo jedhamanii kan beekamanii fi yakkoota daddabalamoo kanneen ta'an irratti QD gaggeessuun akka danda'amu ibsa, garuu tumaa dirqii miti.**
- **Akkasumas, ragaa A/A fi himatamaan dhiyeeffate Manni Murtii QD gaggeesse(committal court) ragicha galmeessee ol kaa'uu fi eeguu qaba jedha.**

Aangoo QD gaggeessuu

- **Aangoo Mana Murtiitiin** wal-qabatee immoo SDFY 81 jalatti Mana Murtii jalqabaa **aangoo tooraa** qabu akka ta'e ibsa. Dhimmichi garuu aangoo jalqabaa MMO ta'uu qaba.
- Wixinechi illee kwt 146(1) jalatti kanuma ibsa. Haa ta'u malee, eegumsa ragootaa fi dhiyeessii ragaaf jedhamee, haala himatamaaf mijataa ta'e ilaalcha keessa galchuun **Mana Murtii sadarkaa jalqabaa kamittiyyuu** dhiyeessuun akka danda'amus ibsuun yaadicha xiqqoo fooyyesseera.

Aangoo...

- **Qabataman sirna amma jiruun, aangoon QD gaggeessuu (**the power of committal court**) akka Federaalaatti **MMSJ** yoo ta'u, akka naannootti immoo **MMA** ta'a jechuudha.**

Gaaffiilee Marii

- 1. Dhimmichi aangoo MMO qofa yoo ta'e, QD kan geggeessu MMA ta'uun maaliif jettu?**
- 2. Erga QD geggeeffamee booda dhimmichi aangoo MMA ta'ee yoo argame hoo akkam ta'a?(SDFY kwt 99-107 fi **109**) dubbisaa)!**
- 3. Adeemsa jecha ragaa galmeessuu, jecha himatamaa fuuchuu, ragaa dabalataa waamuu(kwt 85 & 86), to'annaa tursuu (kwt 90.2) fi dhagaha guutuuf beellama kennuu (kwt 82.2) yoo ilaalle adeemsi kun dhagaha guutuu wajjin wal-hin fakkeessu jettuu? Yoos immoo QD maaliif barbaachise jettu?**

Adeemsa QD...

- Abbaan Alangaa iyyachuu qaba(barreeffamaan).
Qabiyyeen iyyata A/A QD ittiin gaafatamu maal fa'a hammachuu akka qabu wanti SDFY keessatti kaa'ame hin jiru. Garuu tumaalee faffaca'anii jiran irraa tilmaamuun ni danda'ama. Isaanis:-
 1. Yakkichi aangoo **HD** tiin **MMO** jalatti kan kufu ta'uu isaa ibsuu qaba. Asitti kufuu isaa kan **murteessuu A/Ati** malee Manni Murtii QD gaggeessu waa'ee aangoo kana mirkaneessuu hin qabaatu, garuu immoo aangoo MMO miti

Qabiyyee Iyyata QD...

- **2. Tarree ragootaa akka fuudhamuuf barbaadu ibsuu qaba** (kwt 83 waamichi ni godhama waan jedhuuf).
- **3. Maqaa fi teessoo miidhamaa, guyyaa gochi raawwatamee, fi kkf kanneen SDFY kwt 92 jalatti haammatamuu qaban ibsuu danda'uutu irra jira.**



Himanni idilee(formal charge) dhiyaachuun irra hin jiraatu. Sababni isaa QD SDFY kwt 109(1) jalatti galtee himannaati.



Murtee A/A qorannoon akka gaggeeffamuuf ittiin gaafatu qofatu dhiyaachuu qaba (SDFY kwt 83(1)).

Gaaffii Marii

- 1. Bu'uura S/D/F/Y kwt 83(1)tiin murtee qofa dhiyeessuu akka qaban tumamee jira. Haa ta'u malee, A/A himannaa idilee fakkaatu osoo dhiyeessee maal ta'a? osoo shakkamaan akka mormiitti dhiyeessee hoo? Bu'uura S/D/F/Y kwt 119tiin akka fooyya'u ajajuun ni danda'amaa?**
- 2. Garaagarummaan jecha amantaa fuudhuu SDFY kwt 35 fi jecha himatamaa bu'uura kwt 86 (2)tiin fuudhanii galmeessuu maali jettu?**
- 3. Bu'uura kwt 86tiin mirgi callisuu, mirga akka nama qulqulluutti ilaalamuu, jechi isaa akka ragaatti irratti dhiyaachuu kkf itti himamuu qaba jettu?Maaliif?Kwt 85 faana ilaalaa!**

Adeemsa QD...

- **Kan biraan, Manni murtii beellama kennuudhaan ragootni A/A akka dhagahamaniif waamichaa taasisa waan ta'eef, tarreen ragaa teessoo waliin dhiyaachuu akka qabu argisiisa.**
- **Himatamaan dhiyaatee guyyaa beellamaatti Abbaan Alangaa baniinsa gochuun ragaan isaa akka dhagahamu taasisa(opening his case), kwt 84 Vs **kwt 136** wajjin wal-fakkaata.**

Adeemsa QD...

- **Erga ragaan dhagahamee jechi ragummaa galmaa'ee booda himatamaan jecha ragoota Abbaa Alangaa irratti yaada qabu ibsachuuf fedhii yoo qabaate ni gaafatama, neither defence, kwt 86 nor confession, kwt 35.**
- **Fedhii hin qabu taanaan hin dirqamu, yoo fedhii isaatiin yaada isaa ibsate kunumti qofaatti galmaa'ee dubbifameefii erga inni mallatteessee (**Amharic Version refers to court**) jecha ragaa wajjin dhagahaaf dhiyaata.**

Adeemsa QD...

- **Manni murtii QD geggeessu kun ragaa dabalataa kan A/Alangaa hin dhiyeeffanne waamee dhagahuu danda'a(kwt 87).**
- **Jechi ragaa yeroo galmaa'u bu'uura SDFY kwt 147tiin (by narration) yoo ta'e illee tokko tokkoon jechi ragaa fuula garaagaraa irratti osoo walitti hin makamin fuudhamuu qaba,(akkasumas eenyummaa qorachuu, kakuu, kkf hordofuu qaba), kwt 88, qabiyyeen galmeessa jecha ragootaa kunis maal guutuu akka qabu kwt 92 jalatti kaa'amee jira.**

Adeemsa QD...

- **Manni murtichaa yommuu dhagahaaf MMO’f dabarsu gosa himannaa himatamaan ittiin himatamuu qabu ibsuu hin qabu. Kun gahee A/Ati waan ta’eefiidha, kwt 89.**
- **Himatamaan sadarkaa dhagahaatti mirgi ragaa faccisaa isaa eegama, kwt 89.**
- **Ragooleen QD irratti jecha ragummaa kennaan yeroo dhagaha(trial)tti akka dhiyaataniif, wabii mataa isaanii waamuu qabu, yoo didan garuu hanga dhagahi gaggeeffamutti to’annaa turuu danda’u, kwt 90.**

Adeema QD...

- **Jechi ragaa galmeeffamee fi ciraan qabame yoo jiraate, haadhoon isaa(original) Mana galmee(May be O/s) MMotti erguu qaba. Manni galmechaa garagalchaa **isaa AA fi himatamaan** gahuutu irraa eegama jechuudha(kwt 91).**
- **Erguuf kan ulfaatu yoo ta'e, harka poolisii tursuun tarreeffama isaa MMO'f ergu, kwt 91.**
- **Mirgi wabii seeraan kaa'ame akkuma jirutti ta'ee hanga dhimmichi dhagahaaf dhiyaatutti Manni Murtii QD gaggeesse himatamaan to'annaa akka turu gochuu danda'a(kwt 93). **May be considering the framing of charge within 15 days after PI is committed, art 109(1).****

Gaaffilee Marii

- 1. Guyyaa QD keessatti gahe baatonni ol'aanoon (the main actors) eenyudha jettu?**
- 2. QD(PI) tooftaadha moo mala(tactical or technical) jettu?Namoonni tokko tokko kwt 93 wal-qabsiisuun QD tooftaa A/A ittiin shakkamaa to'annaa tursuu fi ittiin dhimmicha lafarra harkisuudha jechuun qeequ?Isin hoo maal jettu?**
- 3. QD adda adda kukkutuun guyyaa garaagaraa dhagahuun ni danda'amaa?Kwt 94 ilaalaa!**

Gaaffii...

- 4. Gama biraatiin immoo Haaromsa sirna Haqaa amma jiruun, akkaataa Labsii 214/2011tti Abbaan Alangaa qorannoo irratti hirmaachuu irraa kaasee hanga ajaja dhumaa kennuutti aangoo waan qabuuf, tumaaleen SDFY QD ilaallatan itti fayyadamuu dhiisuun haqamee *jira(repealed by disuse)* kanneen jedhanii falman ni jiru. Isin maal jettu? Kwt 109 wajjin wal-qabsiisaa irratti mari'adhaa?**
- 5. Akkaataa SDFY kwt 93tti manni Murtii QD geggeessu hanga A/A himannaa hundeessutti jedhee to'annaa turse, A/A himannaa hundeessuu yoo dhiise hoo ykn guyyaa 15 yoo dabarse hoo himatamaan to'annaadhuma turaa, kwt 109(1)?**

Gaaffii...

5. Amnesty International recommends: at preliminary inquiry and other pre-trial hearings: a) The accused must have been informed of his or her rights, including the right to remain silent and to not confess at the court that registered the statement; b) Confession will not prejudice the presumption of innocence; and c) The court will conduct a trial within a trial where there are claims the confession was made under duress. In addition, it suggests that Art. 121 state explicitly that the accused will not lose the right to change or withdraw a statement made at preliminary inquiry or any other stage of pre-trial hearing.

Yaada kana akkamitti ilaaltu?Ni deggertuu?Maaliif?

Fooyya'iinsa Dabalataa Wixinee SDFY'n Taasifame

- Himatamaan guyyaa QD dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta'ee fi ragaan galmaa'uu qabu rogummaan isaa kan hir'atu ykn kan badu yoo ta'e, jechoota ragaa namaa irraa kan hafe **bakka himatamaan** hin jirretti, MM galmeessuu danda'a, kwt 147(3).
- Himatamaan jecha isaa akka kennu gofa osoo hin taane, ragaa galmeeffatu yoo qabaate galmeessiffachuu danda'a, kwt 148(2a).

Wixinee SDFY...

- **Jecha ragootaa fi ragoonni galmaa'an manuma murtii QD gaggeesseen garagalchi isaa AA fi shakkamaaf kennamuu qaba(kwt 148(3)).**
- **Ragooleen jechi isaanii galmaa'e MMO dhagahutti dhiyaachuu akka qaban itti himama, yoo barbaachise qofa wabummaa mataa isaa akka inni mallatteessu taasifama(kwt 150).**
- **Haala addaatiin to'annaa akka turu sababni biraa yoo jiraate malee Manni murtii QD gaggeessu wabiidhaan himatamaa gadi haa**

Wixinee SDFY...

- **Haa ta'u malee, ragaan dhiyaate himatamaarratti himannaa hundeessisuuf hin danda'u jedhee yoo amane, manni murtii QD gaggeesse himatamaa wabii malee gadi lakkisuu danda'a jedha(kwt 152(2)).**
- **Garuu himannaa A/Alangaa haquu fi dhiisuu irratti waan ibse hin qabu.**
- **Akkasumas, qorannoo biraa gaggeessuu, gaaffii QD haaraa dhiyeessuu fi kallattiin himannaa hundeessuu wanti dhorku hin jiru(kwt 152(3)).**

Gaaffilee Marii

- 1. SDFY keenya jalatti manni murtii QD gaggeessuuf aangoon himannaa A/Alangaa haquu hin kennamneef. Jecha ragummaa QD keessatti fuudhame kan hin mirkaneessine yoo ta'e, dhagaha duraaf dabarsuun bu'aa maalii qaba jettu?**
- 2. Gaafa QD himatamaan yoo hin dhiyaanne maal ta'a? Abbaan Alangaa hoo yoo hafe maal ta'a? Ragaan A/A ajajamee yoo dhiyaachuu hin dandeenye hoo? Ragaan dabalataa M/M dhaan ajajame yoo hin dhiyaanne hoo?**

KUTAA LAMMAFFAA

Eegumsa Ragoootaa fi Saaxiltoota

Gocha Yakkaatiif Taasifamu:

**(Witness and Whistleblowers
Protection)**

➤ **Ragaan Maali?**

❖ **Wixinneen S/D/F/Y kwt.2(18) hiikaa jecha Ragaa tiif kenneen:- wantoota kamiyyuu ykn adeemsa; firiin dubbii jiraachuu fi jiraachuu dhabuu ittiin hubachiisuuf gargaaru ta'ee jecha ragummaa ragaa ykn himataa, sanadoota, ragaalee eleetrooniksii, tilmaama seeraa, Hubannoo m/murtii, adeemsa waa agarsiisuu fi manni murtii dhimma aangoo abbaa seerummaa isaatiin hubachuu danda'u kan hammatudha.**

- **Ibsa kana irraa akka hubatamuttis: “Ragaan eeruu ykn odeeffanoo M/M dhiyaatuu fi firii dubbii kan ilaallatu yoo ta’u, ragaa namaas ni dabalata.**
- **Odeeffannoon kun ragaa kan isa jechisiisu akka ijoo dubbiitti kan qabatame dhugumaa ykn sirrummaa isaa mirkaneessuuf (Proving of the fact in issue or conclusion) ykn fashaleessuuf (Disproving any fact in issue or conclusion) kan gargaaruudha.**

SGY/Whistleblowers/ Eenyu?

- **Saaxiltoota Gochoota Yakkaa (Whistleblowers) kan jedhuuf hiikkaan wal-fakkaataan hin jiru.**
- **Akka ILO'n jedhutti “WB is a disclosure by an organization members (former or current) of illegal, immoral, or illegitimate practices under the control of their employers, to persons or organizations that may be able to effect action”**
(Iheb Chalouat, Carlos Carrión-Crespo and Margherita Licata, International Labour Office, Geneva, 2019)

WB...?

- **Akka UNODC 'n jedhutti immoo** “Wb is the reporting by employees or former employees of illegal, irregular, dangerous or unethical practices by employers” (ILO) or “any person who reports in good faith and on reasonable grounds to the competent authorities any facts concerning offences established in accordance with this Convention” (UNODC, 2015).

WB...?

- **Akka Kaawunsiliin Awurooppaa jedhutti immoo**

“WB are employees who have reasonable grounds to suspect corruption and who report in good faith their suspicion to responsible persons or authorities, or any person who reports or discloses information on a threat or harm to the public interest in the context of their work-based relationship, whether it be in public or private sector” ” (Council of Europe, 2003, Council of Europe, 2014).

WB...?

- Ghana's Whistleblower Act 720 (2006), section 2, extends the definition of a whistleblower beyond the work-based relationship and qualifies a whistle-blower as an employee making a disclosure in respect of an employer; an employee making a disclosure in respect of another employee; or a person making a disclosure in respect of another person, or an institution jechuun ibseera.
- In India, the Whistle Blowers Protection Act of 2014, section 4(1), states that "any public servant or any other person including any non-governmental organization, may make a public interest disclosure before the Competent Authority jedha.

WB...?

- Gara biyya keenyaatti immoo yommuu deebinu, Labsiin 699/2010 kwt 2(1) jalatti **ragaa** wajjin wal-fakkeessee hiikee jira...*“whistleblower or witness” means a person who has given or agrees to give information or has acted or agrees to act as a witness in the investigation or trial of an offence;*” jedha. Kun immoo SGY fi ragaan akka waan yeroo hundaa tokko ta’aniitti kan fudhate fakkaata.

WB...?

- Haa ta’u malee, kaayyoon **SGY** inni guddaan ragummaaf osoo hin taane, gochoota yakkaa, al-naamusummaa ykn gochoota badaa balaafamoo raawwataman saaxiluudha (**One of the main objectives of whistleblower protection laws is to promote and facilitate the reporting of “illegal, unethical or dangerous” activities**).
- **SGY kun Yaada Gaarii fi sababawaa ta’e (Good faith and reasonable grounds) akka qabanitti tilmaamama, ragaan garuu amanamummaa**

WB...?

- Guuboon jechootaa Black's Law jedhamu(7th ed.) akka ibsutti “*Whistleblower is an employee who reports employer illegality to a governmental or law enforcement agency*” jechuun ibseera. Ragaa (wintness) yeroo hiiku, “*one who sees, knows or vouches for something, one who gives testimony under oath or affirmation...*” jechuun ibsa.
- Kana irraa kan hubatamu, SGY yeroo hunda ragaa ta'uu dhiisuu malu, maqaadhumti isaanii iyyuu warra gochoota yakkaa saaxilaniidha. Kanaaf, hiika tokkicha labsichi kennuufiin sirrii hin fakkaatu.

WB...?

- **SGY kun yaada badaa fi sababaawaa hin taane qaba yoo ta'e, dirqamni mirkaneessuu kan hojjechiisaa ta'a(South Africa, USA).**
- **SGY biyyoota tokko tokko keessatti hojjetoota mootummaa qofaa irrati kan hojjetu yoo ta'u, biyyoonni kaan immoo hojjetoota dhuunfaa fi mootummaaf hojiirra oolchu(Fkn:Japan, Korea, South Africa and the UK).**

WB...?

- **Dhimmanis kan daanga'u yoo ta'u, seerri dhimma kana irratti bahu dhimmoota kana ifaan kaa'uu qaba. Fkn: **Japan's WPA** expressly lists **violations of food, health, safety and environmental laws**, who report the bribery of foreign public officials, as provided under the Unfair Competition Prevention Laws.**
- **Biyyooti tokko tokko immoo daangaa xiqqaa (*minimum threshold*) kaa'u. Fkn: USA gross mismanagement and gross waste of funds, to qualify as "gross" there must be something**

WB...?

- **Labsiin Lakk.699/2010 garuu bifa waliigalaan kan ragaas ta'ee SGY daangaa dhimmootaa kwt 3 jalatti ibsuuf yaalee jira.**
- **Innis:-jecha ragummaa ykn odeeffannoo ykn qorannoo yakka adabbiin isaa waggaa 10 fi isaa oliin adabsiisu ykn adabbii du'aan kan adabsiisu irratti kennameef eegumsi akka taasifamu ni tuma.**
- **Ka'umsi adabbii daangeffamaa miti. Haa ta'u malee, eegumsi kun kan taasifamu ulaagawwan dabalataa armaan gadii yoo guutaniidha.**

WB...?

- **1) yakkicha irratti kallattii biraatiin jechi ragummaa ykn odeeffannoon argamuu kan hin dandeenye yoo ta'ee, fi**
- **2) sababa kanaan Lubbuu, nageenya qaamaa, bilisummaa qaamaa ykn qabeenya raga baatota ykn SGY irratti miidhaan ni gaha jedhamee yoo amanameedha jedha.**
- **Ministerri Haqaa fi Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa garuu labsicha kwt 4 [(1), (m), (o), (p) and (t)] jalatti namoota eegumsi barbaachisu itti dabaluu akka danda'u banaa godhee jira.**

Maalummaa Eegumsa Raga Baatotaa fi Saaxiltootaaf (Whistleblower) Taasifamu

- The term '**Witness or WB protection**' denotes a range of actions applicable at any stage of criminal proceedings to safeguard witnesses /WB/ and thereby ensure their effective cooperation in terms of providing testimony [*Witness protection Facilitating justice for complex crimes Jemima Njeri Kariri and Uyo Salifu, POLICY BRIEF 88 | AUGUST 2016*].

Maalummaa Eegumsa...

- Yaadamni kun kallattiin hiikkaa yoo ta'uu baate illee eegumsa adeemsa himannaa yakkaa **sadarkaa kamiyyuu** keessatti ragoonni jecha ragummaa isaanii kennuun deggersa barbaachisaa akka taasisan gochuuf tarkaanfiilee fudhataman kan argisiisuudha.
- Akka barreessaan kun ibsutti, eegumsi ragootaaf/SGY/ taasifamu sadarkaa sadii qabaachuu danda'a.
- **1) Eegumsa Poolisii** (usu. police, or ad hoc

Maalummaa Eegumsa...

- **2) Eegumsa Mana Murtii (Judicial or trial protection).** Eegumsa yeroo dhagahaatti Mana Murtiitiin ajajamu yoo ta'u, erga murtiin kennamee illee eegumsi kun itti fufuu danda'a.
- **3) Sagantaa eegumsa ragootaa idileen qophaa'u(witness protection under a formal protection programme).** Sagantaan kun eenyummaa ragaa kallattii garaagaraan dhoksuudha. Isaanis:- fuula dhoksuu fi sagalee

Maalummaa Eegumsa...

- **maqaa sobaa ykn maqaa dhugaa hin taane, fkn bifa koodiin kennuufii (*pseudonyms or referring to them using numbers*), yeroo jechi ragummaa isaa galmaa'u maqaa isaa keessaa haquu ykn barruu keessaa eenyummaa isaa kan ibsu hambisuu (*Expunging witness names and other information*), fi yeroof ykn dhaabbataan bakka jijjiiruudha.**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa Ragootaa fi SGY

- **Eegumsi ragootaa/SGY sirna idilaa'een yoo ta'uu baates bara qabsoo Ku Klux Klan biyya Ameriikaatti eegale(Ku Klux Klan :the name of three distinct past movements in the United States that have advocated extremist reactionary currents such as; white supremacy, white nationalism, anti-immigration. All three movements have called for purification of**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **In the Enforcement Act of 1871, the President is empowered to suspend the writ of habeas corpus to combat the Ku Klux Klan (KKK) and other white supremacy organizations. And someone who testifies in the court for what they committed will be protected.**
- **Yaaddamni kun garuu ol bahee beekamuu kan jalqabe yeroo biyyi Ameriikaa yakkoota garee Maafiyaatiin qindaa'an to'achuuf itti fayyadamuu jalqabdeedha (to dismantle Mafia**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Yeroo ammaa garuu ol'aantummaa seeraa mirkaneessuufis ta'ee haqummaa baasuu keessatti iddoo ol'aanaa qabaachaa waan dhufeeff, eegumsi ragootaaf taasifamu biyyoota hedduu keessatti beekamtii argachaa dhufee jira.**
- **Akka biyya keenyaatti, *yaad-rimeen* eegumsa ragootaa fi SGY bara 2001 ALAtti beekamtii argate.**
- **Kunis Labsii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa Lakk.235/2001 irratti kan ibsameedha.**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Labsichi eegumsa qaamaa fi hojii(physical and job security) Komishinichi akka taasisu dirqamaan tumee jira. Haa ta’u malee, labsichi adeemsaa ittiin eegumsi taasifamuu fi gosoota eegumsaa waan hin tarreessineef, hojiirra hin oolle jechuun ni danda’ama.**
- **Labsii kana foyyeessuuf kan bahe Labsiin lakk.433/2005 yaad-rimeedhuma irra deebi’ee ibsee jira. Dabalataan garuu qaamni biraa deggersa akka taasisuu fi akkaataa eegumsaatiif**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Labsiin Adeemsa Addaa fi Sirni Ragaa Farra Malaammaltummaa Lakk.236/2001 immoo eegumsa **SGY** kan malaammaltummaa qofaa ibsee kan ragootaa dagatee jira (**but witness protection is equally important as whistleblowers**). Kaayyoon isaa yakkoota malaammaltummaa saaxiluu kan jedhu jabeessuuf akka ta'e ifadha.**
- **Labsiin kan fooyyessuuf bahe lakk.434/2005**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Labsiin kun kwt 38(2) jalatti QD ykn dhagaha duraa keessatti eenyummaan ragootaa akka eegamuuf AA iyyachuu akka danda’uu fi MM kan heyyamu yoo ta’e eenyummaan ragootaa iccitiin akka eegamu ibsa. Garuu eenyummaan ragootaa kun hanga yoomiitti, dhagaha irratti hoo, erga dhagahi xumuramee hoo kan jedhu deebii kennuu hin danda’u, iccitis ifaa miti.**
- **Kanaaf, labsiin kun illee eegumsa ragootaa fi SGYtiif quubsaa miti jedhamee qeeqama (not comprehensive proclamation as far as protection witness and whistleblowers is concerned).**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Haa ta'u malee, imaammata yakkaa Itiyoophiyaa(ECJP) kan bara 2003 bahe keessatti waa'een eegumsa ragootaa hanga tokko xiyyeeffannoo argatee jira.**
- **Akka ibsa imaammata kanaatti, osoo yakki raawwatamuu beekanii fi eenyu akka raawwate osoo beekanii sababa sodaa haaloo bahuu fi dhiibbaa garaagaraa irraa kan ka'e ragaa bahuu diduun akka jiruudha(CJP 3.19).**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Kanaaf, yakkoota ulfaatoo fi balaafamoo ta'an irratti eegumsa ragootaa fi SGYtiif akkuma haala isaatti sirni eegumsaa diriirfamuu akka qabu ni ibsa. Sirni kunis yeroo qophaa'utti, dhimmoota armaan gadii ilaalcha keessa galchuu qaba jedhee jira.**

Isaanis:-

- **1) eegumsi taasifamu kun yeroo qorannaa yakkaa kan taasifamu ta'uun akkuma jirutti**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- 2) Gosoota eegumsaa keessaa eegumsa qaama ragootaa fi qabeenyaa isaanii, eenyummaa ragootaa jijjiiruu fi iccitiin dhokatee akka turu taasisuu, dhaddacha gubbaatti jecha ragootaa Viidiyoon waraabuun dhiyeessuu, ykn dhimmichi dhaddacha cufaatti akka geggeeffamu taasisuu, fi kan biroo kanneen eegumsa ragootaa ta'uun yakkamaan akka saaxilamuuf haala mijeessuu danda'an dabalachuu akka qabu ibsa.

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- Barbaachisummaan, gosti eegumsaa fi yeroon turmaata eegumsaa kun faayidaa inni hawaasaaf qabu irratti hundaa'uun madaalamuu akka qabus ni ibsa.
- Keessumaa **yakkoota heeraa fi sirna heera mootummaa** irratti raawwataman kanneen akka **yakkoota malaammaltummaa, yakka shororkeessummaa fi yakkoota qaamolee qindoomaniin raawwataman irratti** raawwii akka qabu ibsa.
- Kunis seera, qajeelfamaa fi maanuwaaliin akka deeggaraman ibsa.

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Haaluma kanaan, yeroo ammaa Labsii 699/2010 bahee jira. Hojiirra oolmaan isaa garuu gaaffii kaasa.**
- **Akkasumas, Ittisaa fi To'annoo Yakka Shorokeessummaa Labsii lakk.652/2009 kwt 32 jalatti eegumsa ragootaaf taasifamuu qabu ibsee jira. Labsichi garuu aangoo bal'aa MM'f kennee jira. Manni Murtii ofii isaatiin ykn iyyata A/Alaangaatiin eegumsicha ajajuu danda'a jedha.**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Manni murtiis tarkaanfii barbaachisaadha jedhe kamiin iyyuu fudhachuu akka danda’u erga aangessee booda garuu tarkaanfilee armaan gadii tarreesseera.**
 - ✓ **Bakka dhimmichi itti ilaalamu murteessuu,**
 - ✓ **Jecha ragummaa yeroo galmeessuu, yeroo ajaja garaagaraa kennu ykn murtii kennu maqaa fi teessoo ragootaa ibsuu dhiisuu,**
 - ✓ **Eenyummaa fi teessoon ragootaa akka hin ibsamne**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Adeemsi mana murtii haala kamiin iyyuu akka hin maxxanfamne ykn hin ibsamne gochuu,**
- **Ajaja manni murtii kun yoo kabajamuu hafe hidhaa cimaa waggaa 5-10 fi adabbii qar.10,000-30,000 adabama jedhee jira.**
- **Labichi yeroo ammaa haqamee kan jiru yoo ta'e illee akka yaad-rimeetti ragaaf eegumsi taasifamuuf ajaja mana murtii kan barbaadu yoo ta'u, manni murtii ajajnaan fedhiin ragootaa kan hin ilaalamne ta'uu isaa hubanna.**

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Labsiin labsii kana haquun bakka bu'ee yeroo ammaa hojiirra jiru **Lakk.1176/2019** immoo kwt 16 jalatti eegumsi ragootaa fi SGYtiif taasifamu akkaataa Labsii Lakk.699/2010tti ta'uu akka qabu jedhee jira.**
- **Dabalaatanis tarkaanfilee eegumsaa yeroo dabalu:- **Mana Murtii dhimmichi itti dhagahamu jijjiiruu (change of venue), adeemsi mana murtii guutummaan ykn gar-tokkeen akka hin ifoomne taasisuu kan jedhuudha.****

Seenaa Dhufaatii Eegumsa...

- **Namni kana cabse adabbii hidhaa salphaatiin akka adabamu ibsa. Kana malees, gochi kun hojii mana murtii yoo gufachiise ykn ragoota kan miidhu yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa 1-7 fi adabbii qarshii 50,000 kan adabsiisuudha.**

Dhimmoota Addunyaa

- 1) Dhimma biyya Naayijeeriyaatti **Dr.Muhaammad Naazeef Yunuus** miseensa Boo Haram irratti dhiyaatee tureedha. Manni Murtii duraan dursee **Mask** uffachuu dhorkuun dhaddachi ifatti akka geggeeffamu waan ajajeef ragaan jecha ragummaa isaa kennuu dide. Kanaanis, dhimmichi osoo xumura hin argatin hafe...
(Osazuwa, Boko Haram: Witness refuses to testify in open court, April 2014,[www.nigeriannewsworld.com/2014/04/bokoharam-witness-refuses-testify-open court.html#.VkT9qXYrLIU](http://www.nigeriannewsworld.com/2014/04/bokoharam-witness-refuses-testify-open-court.html#.VkT9qXYrLIU)).

Dhimma...

- 2) Biyyumti kun dhimma biraa **Boko Haram**'n wal-qabatu irratti *Mask* waan heyyameef, dhaddachi cufaatti akka geggeeffamu gochuun waan dhagaheef, dhimmicha irratti himatamaan biraan murtii balleessummaa fudhatee jira (JC Azu, *Nigeria: Witness protection law - Enter masked witnesses, May 2013*, <http://allafrica.com/stories/201305290066.html>).

Dhimma...

- 3) Dhimma ICC(International Criminal Court)tti Pirezidaantii Keeniyaa **Uhuru Kenyatta** irrati dhiyaatee kufeedha. Yakkichi(crimes against humanity) bara 2007/2008 filannoo booda kan raawwate yoo ta'u, ragoota keessaa irratti dhiibbaan (intimidation on internal witness) waan irra gaheef, beellamni darbee boodarra ragaan waan dhabameef adda citeera (*TMaliti, Prosecutor withdraws seven witnesses in Kenyatta case in past year, 16 January 2014, [www.ijmonitor.org/2014/01/Prosecutor](http://www.ijmonitor.org/2014/01/Prosecutor-withdraws-Sevenwitnesses-in-kenyatta-case-in-past-year/)*).

Argannoo

- **Kanaaf, yakkoota ulfaatoo namoota beekamoo (*high-profile or influential people*) dhaan raawwataman irratti eegumsa ragoootaaf gochuun haqa baasuu keessatti iddoo ol'aanaa qaba.**
- **Yoo eegumsi hin jiru ta'e, ragoonni jecha isaaniitiin dhugaa dubbachuu ni sodaatu ykn ni baqatu.**
- **Eegumsi kun immoo seeraan waan baheef qofa**

Sagantaa Eegumsa Ragootaa fi SGY

- **Biyyootni addunyaa hedduun Sagantaa Eegumsa Ragootaa (witness.whistleblowers protection Prpgram) baafatanii qabu. Fkn:- the Special Court for Sierra Leone, the Extraordinary Chambers in the Courts of Cambodia, the International Criminal Tribunal for Rwanda (ICTR) and the International Criminal Tribunal for the former Yugoslavia (ICTY) all made use of witness protection in their proceedings. And**

Sagantaa Eegumsa...

- **Other countries with witness protection frameworks are the UK, Australia, Canada, Italy, Turkey, Jamaica, the Philippines and New Zealand; and Hong Kong also have a witness protection framework.**
- **The African Union Model National Law on Universal Jurisdiction over International Crimes stipulates both prosecutorial and court responsibility to ensure protection of witnesses(African Union Model National Law on**

Sagantaa Eegumsa...

- **The Rules of Procedure of the African Commission on Human and Peoples' Rights also acknowledge the need to prevent reprisal against witnesses (**

[www.achpr.org/Inst](http://www.achpr.org/Instruments/rules-of-procedure-2010/)

[uments/rules-of-procedure-2010/](http://www.achpr.org/Instruments/rules-of-procedure-2010/))

- **Biyyoota Afriikaa keessa Afriikaan Kibbaa sadarkaa jalqabaa irratti argamti. Akka biyya kanaatti, sagantaan eegumsa ragootaa OWP(The South Africa Office for Witness Protection) jedhamu of danda'ee dhaabbatee hojii isaa kan hojjetuudha.**

Sagantaa Eegumsa...

- Dhaabbati kun saa'atii 24 guutuu guyyoota 7 guutuu hojjeta, yakka cimaafis salphaafis ni hojjeta(C Mahony, *The justice sector afterthought: Witness protection in Africa*, Tshwane: Institute for Security Studies,2010, www.issafrica.org/publications/books/the-justice-sectorafterthought-witness-protection-in-africa)
- Kan biraan **Kenya's Witness Protection Agency (WPA), Rwanda's witness protection framework was established in 2006 in response to the challenges faced by witnesses**

Sagantaa Eegumsa...

- and victims in trials associated with the 1994 genocide, and the increased number of crimes against witnesses and victims of other crimes. Developed two approaches: witness protection in Rwanda generally, and the Witness and Victim Protection Unit (WVPU).
- **Biyyooti akka Cabo Verde, Ethiopia, Morocco fi Mozambique seera isaa qabu malee hanga ammaatti karaa guutuu ta'een hojiitti hin galle, Sagantaa kana hin qaban(have legislation but haven't yet to establish fully fledged services).**

Sagantaa Eegumsa...

- **Walumaagalatti yeroo ilaalamu, sagantaa kanaan ragaa namaa gosa sadiif eegumsi barbaachisa.**
- **1) Deegartoota Haqaa (justice collaborators):**
ragoonni kunneen namootuma yakka raawwatan, kanneen himatamuu danda'an ta'anii warreen jecha ragummaa isaaniitiin Poolisii ykn Abbaa Alangaa deggeraniidha(people, including convicted offenders, facing related criminal charges who decide to cooperate with prosecutors and police officers by giving testimony).

Sagantaa Eegumsa...

- **2) Ragoota Miidhamtoota ta'an(Victim-witnesses).**
Isaan kunneen warra kallattiidhaan gocha yakkaatiin miidhamoo ta'aniidha.
- **3) Ragoota kan biroo:** Isaan kunneen ragoota ogeessota ta'an kanneen jecha ogummaa isaaniitiif barbaadaman, poolisii ykn nama shakkamaa wajjin walitti dhufeenya dhoksaa uumuun saaxilu (undercover insider witnesses, who may or may not have criminal charges against them despite their close affiliation to the accused, or eyewitnesses to the criminal activities under question) dha.

Sagantaa Eegumsa...

- **Ragoonni odeeffannoo argamsiisuuf, qorannaa eegalchiisuuf, himannaa hundeessuu fi yakkamaa adabsiisuu keessatti lafee dugdaa ta'uu beekamaadha.**
- **Kana keessatti immoo odeeffannoo dhugaa fi amansiisaa ta'e karaa guutuu ta'e irraa argachuun kan danda'amu ragoonni fi saaxiltoonni gochoota yakkaa sodaa fi doorsisa irraa bilisa ta'anii yoo yaada isaanii kennanii fi sagantaan eegumsaa kun yoo jiraateedha.**

Sagantaa Eegumsa...

- **Keessattuu, yakkoota kanneen akka gurmaa'inaan raawwataman, garee shororkeessitootaa fi yakkoota malaammaltummaa gurguddoo ta'an(large-scale corruption) irratti eegumsi ragootaa fi saaxiltoota yakkaatiif hin taasifamu taanaan, miidhaa garaagaraatiif saaxilamuu waan danda'aniif dhugaa jiru dubbachuufis ta'ee yakkamtoota saaxiluuf heyyamamoo hin ta'an.**

Sagantaa Eegumsa...

- **Kun immoo yakkoota akkasii qorachuuf illee karaan akka hin argamne taasisa jechuudha.**
- **Fakkeenyaaf:- Hooggantoonni siyaasaa yakka malaammaltummaa yeroo raawwatan, hojjetoonni mootummaa gubboo yeroo fudhatan, daldaltoonnii fi abbootiin qabeenyaa beekamoon yommuu yakka irratti hirmaatan, humna qaban hundaan gochi isaanii akka hin mul'anne ni taasisu.**
- **Kana keessatti hanga raga baatota ykn saaxiltoota gocha isaanii irratti miidhaa qaamaa fi xiin-sammuu gaggeessuutti kan fulla'u ta'uu mala.**

- **EEGUMSI RAGAA FI SGY BU'UURA
HEERAA QABAA?**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa Eegumsa Ragootaa fi SGY (Constitutional and Legal Basis of Witness and WB Protection)

- Akka idila addunyaattis ta'ee akka biyyootaatti eegumsi ragootaaf taasifamu beekamtii hedduu argateera.
- Akka addunyaatti UN Resolution 55/25 of November 2000 kwt 24 jalatti Yakkoota daangaa ce'ii qindoominaan hojjetaman(**transnational organized crime**) irratti ragootaaf eegumsi akka taasifamu kaa'ee jira.
- Akkasumas, Waliigaltee Farra Malaammatummaa Dhaabbata Gamtoomanii kwt 32 jalatti Mootummoonni miseensa ta'an hundi

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

raga baatotaaf Eegumsa barbaachisaa fi bu'a qabeessa ta'e akkaataa sirna seeraa biyya mataa isaaniitti akka taasisan tumee jira.

- Eegumsi kun hanga miseensa maatii fi waahillaan raga baatotaatti illee hiixachuu akka danda'u namatti argisiisa.**
- Haa ta'u malee, eegumsi kun mirgi shakkamaa ykn himatamaa osoo hin miidhamin hojiirra ooluu akka qabus ni ibsa.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Akkasumas, ulfaatina yakkichaa fi miidhaa ragoota irra gahu dabalatee humna dinagdee isaaniiirratti hundaa'uun biyyoonni sagantaa eegumsaa kana bocachuu akka danda'an ni ibsa(*UNODC*).**
- **Kanaan wal-qabatee, eegumsa ragaa keessaa tokko kan ta'e eenyummaa dhoksuu (witness anonymity) waan ta'eef, mirgi himatamaan gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu qabu miidhamuu danda'a kan jedhu akka sodaatti ni ka'a (constitutionally guaranteed right).**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Akka addunyaatti nageenya uummataaf(public security)'f jedhamee mirgi himatamaan qabu haala itti sarbamuu danda'u kan jirtu ta'uu muuxannoon jiru ni ibsa(*the right of the accused is compromised with witness protection*).**
- **ICCPR kwt 14 jalatti adeemsi dhagaha haqaa(fair trial) mirga ragaa irratti dhiyaatu qorachuu fi ragaa ittisaa sobsiisu dhiyeeffachuu dabalata.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Akka Itiyoophiyaattis HMFDRI kwt 20(1 fi 4) jalatti mirga kana ibsee jira.**
- **Bal'inaan yeroo ibsu mirga dhaddacha ifaatti dhagahamuu, mirga ragaa irratti dhiyaatu hunda beekuu, mirga gaaffii gaafachuun qorachuu, fi mirga ragaa ittisaa gaafachuu fi mirga ragaan ittisaa akka dhiyaatuuf gaafachuu ibsee jira.**
- **Qajeeltoo kana yeroo ilaallu, eegumsi ragootaaf taasifamu eenyummaa ragootaa dhoksuu, ykn sagalee ragaa viidiyoon waraabuun dhaddachaaf dhiyeessuu, maqaa sobaan(koodiin)**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **dhiyeessuu fi kan biroo ta'uu waan danda'uuf, mirga ragaa itti dhiyaatu beekuu fi gaaffii gaafachuu dhabsiisuu danda'a jechuudha. Kanaaf, eegumsi kun mirga himatamaa wajjin hin deemu jedhanii kanneen qeeqan hedduudha.**
- **Haa ta'u malee, Heerichi kwt 20(1) jalatti eegumsa ragootaaf taasifamuu qaban keessaa dhaddacha cufaatti dhagahuu kan jedhu beekamtii kennee jira.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Dhaddachi cufaa kunis iccitii dhuunfaa falmitootaa eeguuf jecha, safuu hawaasaa kabajuuf jecha, akkasumas nageenya biyyaatiif jecha cufaatti dhagahuun akka danda'amu kan ibsu yoo ta'e illee tumaan kun kallattiin eegumsa ragootaaf akka hin taane ifadha.**
- **Sababni isaa eegumsi ragootaaf taasifamu, eenyummaa ragootaa ija uummataa irraa dhoksuu qofa osoo hin taane, himatamaan illee akka hin beekne taasisuun wabii kennuufiidha waan ta'eefiidha.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Dhaddacha cufaatti gaggeessuun immoo himatamaan ragaa wajjin wal-quunnamuu hin qabu jedhamee ajajamee yoo jiraate malee yaaddoo ragooleen qaban irratti jijjiirama baay'ee hin qabaatu(as far as *face to face confrontation with the accused exists*).**
- **Ta'us garuu, eegumsa ragootaaf taasisuun faayidaan isaa maali kan jedhu yoo beekne, Heericha kwt 20(1) bal'isnee hiikuun eegumsa ragootaa kana heerichaan haammachiisuun ni**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Kunis safuu hawaasaaf jecha, ykn iccitii dhuunfaa garee tokkootiif jecha ykn nageenya biyyaaf jecha eegumsa ragootaaf taasisuun dirqii yeroo itti ta'u kan jiru ta'uu qabatamni jiru ni mul'isa.**
- **Fkn:-Yakki tokko garee qindaa'ee ijaarameenii fi yakka balaafamaa akka shororkeessummaa yoo ta'e, ragootaaf eegumsi yoo taasifamuu baate, ragaa sana argachuu dhiisuu dandeenya ykn dhugaa jirtu dubbachuuf ragaan sun dheessuu ni danda'u.**
Sababni isaa gochi haaloo bahuu isaa fi maatii isaa irra dhaqqabuu waan danda'uuf, callisuu filata.

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Kun immoo haqni akka hin baane taasisuu caalaa iyyuu nageenyi hawaasaa wabii seeraa akka dhabuu fi hawaasni amantaa sirna haqaa irraa akka dhabu taasisuu danda'a. Kanaaf, eegumsi ragootaa fi SGY'f taasifmu beekamtii heeraa hin qabu jechuun hin danda'amu.**
- **Seensa Labsii Lakk.699/2010 irraas kanuma hubanna. ...“*WHEREAS, it is essential to create conducive situations in order to ensure the **safety and security of the public by having criminal offenders brought to justice and sustain the right penalty;**”jedha.***

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Gama biraatiin immoo biyyi Itiyoophiyaa miseensa Dhaabbata Gamtoomanii(UN) waan taateef, Resolution darbu fudhachuuf ni dirqamti. Kana jechuun Resolution eegumsa Ragoota Yakkoota daangaa ce'ii qindoominaan hojjetaman (transnational organized crime) fi**
- **Waliigaltee Farra Malaammatummaa Dhaabbata Gamtoomaniitiin darbee jiru hanga mormiin(reservation) hin jirretti akkuma qaama seeraa biyyattiiti ilaalama.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Dabalataan immoo Itiyoophiyaan miseensa African Union Model National Law on Universal Jurisdiction over International Crimesti waan taateef, eegumsa ragootaaf taasifamuuf beekamtii heeraa fi seeraa kennuu ishee argisiisa.**
- **Kanaaf, bu'uura HMFDRI kwt 9(4)tiin eegumsi ragootaa mirga himatamaan heeraan gonfatee iiru wajiin walsimsiisuun veroo ilaalamu.**

Bu'uura Heeraa fi Seeraa...

- **Labsiin Lakk.699/2010 kun illee sodaa kan hambisuuf jecha sababa eegumsi taasifameef qofa jechi ragummaa namni eegumsa jala jiru kun kennu madaalliin ulfaatina isaa gadi bu'uu hin danda'u jedhee tumee jira.**
- **Kwt 26:- “The fact that a witness is entitled to protection in accordance with this Proclamation may not be invoked as a ground to diminish the credibility of his testimony”**

Afriikaa Keessatti Rakkoowwan Hojiirra Oolmaa Sagantaa Eegumsa Ragootaa fi SGY

- 1. Rakkoo faayinaansii(dinagdee):-eegumsi**
ragootaa, keessattuu iddoo jireenyaa jijjiiruun,
kun baasii guddaa gaafata. Fkn:-Afriikaan
Kibbaa bara 2014/15tti Doolara Mil.12.7 baastee
jirti.
- 2. Kutannoon siyaasaa cimaan dhabamuu(lack of**
genuine political will to establish witness
protection). They may allege that retaining
limited witness protection services may serve

...Rakkoowwan Hojiirra Oolmaa...

3. Haguuggiin seeraa dhabamuu (lack of comprehensive legal protection).

4. Hanqinni humna namaa dandeettii fi ogummaa isaa qabu jiraachuu (a shortage of human-resource skills and capacity to ensure comprehensive protection of witnesses. All witness protection staff, including judges, prosecutors, prison officials and police must be trained to carry out their duties to high standards of integrity, confidentiality and respect for human rights.

...Rakkoowwan Hojiirra Oolmaa...

5. Kan biraan biyyoota Afriikaa gidduutti wal-deggeruu fi tooftaa ittiin eegumsa ragootaa cimsan waliin qabaachuu dhabuudha (lack of cooperation agreements and mechanisms between states to facilitate witness relocation and other forms of long-term protection).

Sirna Haqaa keessatti Faayidaa Eegumsa Ragaa fi SGY

- **Jaarraa 21ffaa kana keessa ragaan/SGY akka ijaa fi gurra Sirna haqaatti ilaalamaa jira.**
- **Gaheen ragootaa/SGY adeemsa qorannoo yakkaa irraa kaasee hanga yakkamaa adabsiisuutti qaban ol'aanaadha.**
- **Haa ta'u malee, ragaan/SGY himatamaa/waahillan isaa irraa dhiibbaan garaagaraa (trauma) irra gahuu mala.**
- **Keessumaa yeroo qorannoo yakkaa duraa keessatti dhiibbaa xiin-sammuu irra darbee hanga qaamaan fi qabeenyaa miidhamutti gaha.**

...Faayidaa Eegumsa...

- **Maatiin isaa ykn firoottan isaa ykn ijoolleen isaa yeroo reebaman, butaman, gudeedaman ykn gubboon sossobaman ni mul'ata. Sababa kanaa fi kan biroo irraa kan ka'e ragaan waan beeku dubbachuu irraa of qusata.**
- **UNTOC kwt 26 fi UNCAC kwt 32 irraa barbaachisummaa eegumsa raga-baatotaaf taasifamu hubachuu dandeenya. Isaanis:-**

...Faayidaa Eegumsa...

- 1. Namoota yakka raawwachuu keessatti hirmaatan odeeffannoo kennuun Poolisiin qorannoo duraa akka gaggeessuu fi ragummaaf(evidentiary purposes) akka oolu gargaara.**
- 2. Ragaa qorannoof gargaarsa ijoo (substantial cooperation) kenneef, akka adabbii salphisuutti gargaara.**
- 3. Amantaa uummataa dabala...etc**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa Ragootaa fi SGY'f Taasifamu

- **Biyyoota baay'ee keessatti qorannaa keessatti deggersa gahaa argachuuf, odeeffannoo amansiisaa fi raga-baatota dhugaa irratti hundaa'an argachuuf, raga-baatotaaf eegumsa mirga addaa (immunity) yeroo kennan ni mul'ata...hanga yakkaan hin himatamneetti jechuudha.**
- **Karaalee ittiin ragoota dhimmoota yakkaa ciccimoo ta'an irratti ragaa bahaniif eegumsi taasifamu biyyaa biyyatti garaagarummaa**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

Corruption (UNCAC) kwt 32 fi the United Nations Convention against Transnational Organized Crime (UNTOC) kwt 24 irraa kallattiwwan gurguddoo afur hubachuu dandeenya. Isaanis:-

1. Raga baatota fi SGY Deggeruu (assistance and support)

- **raga-baatota fi SGY dhiibbaa xiin-sammuu irraa ittisuu irratti xiyyeeffata.**
- **Deggorsa maallaqaa fi psychological support by**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

2. Raga baatotaa fi SGY'f Eegumsa Poolisii

taasisuu(police protection)...bahaa fi gala isaaniif eegumsa ramaduun eegsisuudha (Japan case by case and the risk involved).

3. Raga baatotaaf Eegumsa Seera deemsaa taasisuu (procedural protection)

❖ **Raga-baatonni sodaa fi bir'aa tokko malee jecha ragummaa isaanii akka kennan gochuudha.**

Tarkaanfileen kunneenis:-

✓ **Odeeffannoo dhuunfaa raga-baatotaa akka hin baane daangessuu,**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- ✓ **Ogeessa xiin-sammuu isaa jabeessuu dhiyeessuufii,**
- ✓ **Qaamaa fi fuula raga baatotaa ukkaamsuu (shielding)**
- ✓ **Viidiyoodhaan akka ragaa bahan taasisuu,**
- ✓ **Raga-baatota dhaddacha keessatti dhiyeessuu dhiisuu,**
- ✓ **Hordoftoota dhaddachaa akka hin seenne dhorkuu.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- **4. Sagantaa Eegumsa Ragootaa (witness protection program):-** Miidhaan raga baatotaa fi SGY irra gahu hammaataa yoo ta'ee fi haala biraatiin rakkinicha furuun hin danda'amu yoo ta'e, garee dhoksaan hojjetan uumuun(formally established covert programme) eegumsa irratti kan hojjetu, keessattuu bakka jireenyaa fi eenyummaa raga baatotaa jijjiiruu irratti hojjetama.
- **Garuu Sagantaan kun fedhii ragaa ykn SGY irratti**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa... Itiyoophiyaatti...

- **Gara biyya keenyaatti yeroo deebinus, yaad-rimeen kun fudhatamee jira, labsicha kwt 4.**
- **Haaluma kanaan, tarkaanfileen eegumsaaf fudhataman wal-faana ykn addatti akkuma haala isaatti hojiirra ooluu danda’u. Isaan kunis:-**
 - **A) eegumsa qaamaa fi qabeenyaa**
 - **B) Iddoo jireenyaa fi mana jireenyaa nageenya qabutti jijjiiruu,**
 - **C) Eenvummaa fi qabeenyaa dhoksuu.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa... Itiyoophiyaatti...

- **D) Eenyummaa jijjiiruu,**
- **E) Eegumsa dhuunfaa of-irraa ittisuuf meeshaa eegumsaa kennuufidha,**
- **F) Yakka odeeffannoo isaa kennetti akka hin himatamneef wabii kennuufii(immunity)**
- **G) Nama himatame naannoo jireenya, bakka hojii ykn mana barumsaa ragaa ykn SGY akka hin geenye dhorkuu,(before or after final judgment), baasii isaa uwwisuu,**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa... Itiyoophiyaatti...

- **H) Dhaddacha cufaatti gaggeessuu,**
- **I) Golgaa duubaan jecha akka kennu ykn fuula akka dhoksatu gochuu,**
- **J) Jecha ragummaa meeshaa elektirooniksiin ykn kallattii adda biroon dhiyeessuu,**
- **K) haala addaan dhorkaa yoo ta'e malee qorannoo eegumsi irratti taasifame kana irratti odeeffannoo ho'aa SGY kennaa deemuu**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

Itiyoophiyaatti...

- **L) Durgoo karaa fi oolmaa kaffaluufii,**
- **M) Tarkaanfii Bulchiinsaa haaloo bahuuf fudhatame akka dhorkamu ykn haqamu gochuu ykn kaffaltii dhidhiibduu sana gitu kaffaluufii,**
- **N) sababa gocha haaloo bahuutiin miidhaa irra gahu irratti tajaajila tolaa Hospitaalota mootummaa irra akka argatu gochuu.**
- **O) Sababa gochaa haaloo bahumsaatiin hojjetee nyaachuun yoo**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa... Itiyoophiyaatti...

**itti ulfaatte, baasii dhimma bu'uuraa irratti
kaffaluufii(on basic needs),**

- P) Sababa haaloo bahuun yoo du'e, baasii
awwaalchaa fi deggersa maatiif kaffaltii
raawwachuu,**
- Q) Eegumsi kan godhameef, carraa hojii fi
barnootaa akka argatu taasisuu,**
- R) Tajaajila gorsaa kennuufii ykn akka**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...Itiyoophiyaatti...

- ❖ Muuxannoo Biyya biroo wajjin yoo ilaallu: Fkn:-Jaappaanitti:**
- ❖ Jechi ragummaa isaa gocha raawwatame ibsuu keessatti ijoo yoo ta'e(substantially corroborated in its material points),**
- ❖ Inni ykn maatiin isaa ykn firoottan isaa sadarkaa lammaffaa ta'an irra doorsisi yoo dhaqqabe ykn dhaqqabuuf yoo ta'e, ykn hamileen akka caban yoo taasifame, ykn akka du'u(an) ykn akka soba dubbataniif ykn waliin dhahaniif gubboon yoo kennamee, fi**
- ❖ Raga baatuun kun seera raawwachiiftuu(law enforcer) yoo ta'uu baate dha. Seera raawwachiiftuu yoo ta'es, garuu maatii fi firoottan isaaf eegumsi ni taasifama.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- ✓ **Iccitii jiru akka hin baaneef yoo of-eeggannoo taasise,**
- ✓ **Dirqama seeraa fi murtii siivilii isa irratti darbu fudhachuuf fedhii yoo qabaate,**
- ✓ **Qaamolee tarkaanfilee eegumsaa taasisan deggeruu fi kabajuu yoo danda'e,**
- ✓ **Haala jiru yeroo yerootti odeeffannoo qaama ilaallatuuf kan kennu yoo ta'eedha.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- **Dhaabbanni gorsa xiin-sammuu kennu immoo raga baatuu cina taa'ee xiin-sammuu isaa dhidhiibuun alatti waan inni dubbatu irratti gidduu-seenuun jeequu hin danda'u.**
- **Qaamaa fi fuula raga baatotaa ukkaamsuu (shielding):-raga baatuun fuula himatamaa wajjin akka wal-hin argine(avoid face to face confrontation) ykn hordoftoonni dhaddachaa akka hin argine taasisuudha.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- **Mirgootaa fi dirqamoota armaan gadii ni qabaata.**
 - ❑ **Hanga ragaa bahutti ykn hanga sodaachisii fi doorsifni irraa dhaabbatutti mana jireenyaa nageenya isaa fi maatii isaaf tolu ni argata, akkasumas barbaachisaa yoo ta'e eenyummaa isaa jijjiirrachuu ni danda'a.**
 - ❑ **Hanga sanatti waan ittiin jiraatu ni deggerama, bakka yoo jijjiirrates baasii maallaqaa baasu hunda ni argata.**
 - ❑ **Sababa kanaan hojiirraa yoo hafe (yeroo qorannaa hanga himannaatti), hanga ajajamutti hojjechiisaan hojiirraa gaggeessuu hin danda'u**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- ❑ Yeroo qorannaa ykn waamamu kamiyyuu
Baasii geejibaa fi kan biroo ni argata,**
- ❑ Sababa ragaa ta'eef, miidhaa qaamaa fi fayyaa
irra gahe kamiif iyyuu yaala fayyaa bilisaa ni
argata,**
- ❑ Sababa kanaan yoo du'e, ykn miidhaan
dhaabbataan yoo irra gahe, ijoolleen isaa
mana barumsaa kamiyyuu bilisaan ni baratu,**
- ❑ Yoo du'e, dhaaltonni isaa baasii awwaalchaaf
bahu ni argatu.**

Gosoota Tarkaanfilee Eegumsa...

- **Muuxannoo USA fi kan biroo:-**

1) Gochoota Haaloo Bahuu (Sababa Malee)

Miidhuu Irraa Ittisuu (Protection from retaliation)

- **Haaloo bahuu irraa ittisuuf maloota garaagaraa fayyadamu.**
- **A) Gochoota Haaloo bahuu kana yakkoomsuu(Kanaadaa).**
- **Sababa gochoota dabaa kana saaxileef yeroof hojiirraa voo dhorkame, hojiirraa voo**

Gochoota haaloo bahuu...

- **Ireland tti immoo** dirqama hojii jijjiiruun, bakka hojii jijjiiruun, saa'atii hojii hir'isuun, ykn miindaa hir'isuun, tarkaanfii naamusaa fudhachuun, ija badaa ilaalamuu (yeroo hir'ifamaa sababa malee hojiirraa hir'isuun), dirqisiisuun ykn gochoota daraaraa raawwachuun, loogii irratti raawwachuun, miidhaa qaamaa fi xiin-sammuu irratti raawwachuun, fi kkf akka yakkaatti ilaalamu.

Gosoota Eegumsaa...

- **B) Eegumsa addaa(immunity) gochuu.** USA, Awustraaliyaa, Ireland, Newzealand,) keessatti SGY yakkaa fi siiviliin akka hin gaafatamneef eegumsa addaa taasisu.
- **C) Dirqama mirkaneessuu hir'isuu...gochoota saaxilan kanneen mirkaneessuuf akka hin dirqamne dirqama hir'isuu (USA)**
- **D) Beenyessuu (Impose remedies and interim relief in the form of short-term).** Kun miidhaan SGY irra miidhaan mul'ataan qabeenyaa ykn qaama yeroo irra dhaqqabu beenyessuu (murtii dura ykn osoo dhagahamaa jiruu).

Gosoota Eegumsaa...

- **2) Ifoomsuu ykn qaama alaatti beeksisuu(Reporting Channels)**
- **Kun kallattii keessaa fi alaatiin sirna diriirsuu yoo ta’u, SGY karaa keessaa yaalanii yeroo dadhaban karaa alaa miidhaa fi sodaa isaan irra gahu hawaasatti beeksisuu danda’u(UK).**
- **Karaa keessaa:-qaama aangoo qabutti gabaasuu(reporting to competent authorities)**
- **Karaa alaa:-yoo karaa keessaa eegumsichi milkaa’uu dhabe, miidiyaa uummataaf ibsuu(public/media reporting), but anonymity is ot systematically guaranteed).**

Gosoota Eegumsaa...

- **3) Eenyummaa Dhoksuu(Anonymity):-**eenyummaan SGY akka uummataaf hin ibsamne taasisuu. Biyyoota akkanAwustraaliyaa, Tuniisiyaatti eenyummaa isaanii namni ibse yakkaan adabama(from 6 months to 3years). Haa ta’u malee, SGY eegumsa akka argataniifis ta’ee eeruu kennamu dhugaa ta’uu isaa amanuuf, eenyummaa ibsuun dirqama akka ta’etti biyyooti tumatanis jiru(Ireland) garuu qeeqa baay’ee qaba.

Gosoota Eegumsaa...

- **4) Ejensii Eegumsa SGY taasisan of danda'oo fi Bilisa ta'an hundeessuu:-rakkoo fi dhiibbaa SGY irra gahu fuudhuu fi qorachuun furmaata itti kennuuf muuxannoo gaariidha. Fkn:-**Proper Authorities, administrative agencies, or public interest disclosure Agency, the Auditor General, the Counsel, anti-corruption bodies, the Ombudsman, public protector(South Africa), trade unions, relevant policy agencies etc.****

Gosoota Eegumsaa...

- **5) Onnachiiftuu fi Badhaasawwan garaagaraa akka beenyessuutti taasisuu**(incentives and financial awards or protections and Remedies for covered individuals). Gochoota saaxiluutiin galii argame irraa ykn galii dabale irraa dhibbantaa muraasa muranii kennuufii ilaallata (USA 10-30%).
- **6) Yaaddama gaarummaa(the notion of good faith) qabaachuu.** Eeruu SGY kennan hundinuu

Gosoota Eegumsaa...

kennametti akka ilaalamuuf qajeeltoo seeraa kennuufiidha.

- **Haa ta’u malee, eeruu sobaa kennuu isaatiin qaamni miidhame yoo jiraate, karaa Mana Murtii mirkanoofnaan eegumsi seeraa kun hin hojjetu.**
- **Yaaddama kana biyyooti tokko tokko hin fudhatan(Counsil of European Recommendation). The issue here is the confusion between motives and good faith as “the reporting person might fear that ‘premature’ reporting could be construed as bad faith” (UNODC, 2015)**

Gosoota Eegumsaa...

- **Gama biraatiin immoo eeruun kun yaada qajeelummaan hin kennamne yoo ta'e, dirqama mirkaneessuu qaama qacarate irratti biyyoonni dirqama gatan jiru(USA & India). Yeroo kana eeruu sobaatiin kan miidhaa geessise kun yakkaan adabamuuf deema.**

Namni Eegamu Yakkamaa yoo ta'e...

- Akkasumas, namoonni yakka keessatti
hirmaatanii jiran ragaa ta'uuf yoo fedha qabaatan
haaloti armaan gadii yoo guutame eegumsi ni
taasifamaaf:

1. **yakkichi yakka cimaa yoo ta'e,**
2. **jechi ragummaa isaa haalaan barbaachisaa yoo
ta'e,**
3. **jecha isaa irraa kan hafe ragaan kallattii
biraan kan hin jirre yoo ta'e,**
4. **ofii isaatii yakkamaa ol'aanaa yoo ta'uu baate,**

Iyyataa fi Adeemsa Eegumsa Ragootaa fi SGY (kwt 6)

- **Iyyati eegumsaa kun kallatti sadiin
Ministeera Haqaatti dhiyaachuu danda'a:-
Isaanis:**
- **1) Iyyata fayyadamaa eegumsichaan
dhiyaatu**
- **2) Ragaan ykn SGY iyyaticha dhiyeeffachuuf
kan hin dandeenye yoo ta'e, A/Atiin ykn
qorataa yakkaatiin dhiyaachuu danda'a ykn**
- **3) Qaama 3ffaa dhimmichi na galcha jedhu**

Iyyataa fi Adeemsa Eegumsa...

- **Qabiyyeen iyyatichaa:-**eenyummaa fi teessoo ragaa ykn SGY eegumsi taasifamuuf irratti odeeffannoo jiru, yakka irratti eegumsi barbaadameef, miidhaa ragaa ykn SGY irra gahuu danda'a jedhame, osoo eegumsaaf hin iyyatin fuula dura himannaa yakkaa ykn siivilii, idaa ykn murtii mana murtii mirga ragichaa ykn SGY irratti dhiyaate yoo jiraatee, fi odeeffannoo barbaachisoo biroo qabachuu qaba.

Iyyataa fi Adeemsa Eegumsa...

- **Ministeerichi guyyoota 30 keessatti iyyaticharratti murtii dabarsuu qaba. Iyyata qaama 3ffaa yoo ta'e, A/A ykn qorataa yaada gaafachuun murtaa'a.**
- **Haa ta'u malee, hanga murtiin kennamutti lubbuu, nageenya qaamaa fi qabeenyaa ragichaa ykn SGY irra kan gahu yoo ta'e, Ministeerichi yeroosuma tarkaanfiin eegumsaa akka fudhatamu ajajuu danda'a.**

Waliigaltee Tarkaanfii Eegumsaa Irratti taasifamu(kwt 8)

- Gosoota eegumsaa keessaa kan labsicha kwt 4(1a-d)tti tarreeffaman ilaalchisee Ministeerichi eegumsicha yoo murteesse, diqrama waliigalteen ragaa ykn SGY eegumsi taasifamuufii wajjin galamuu qaba.**
- Kan eegumsi taasifamuuf ijoollee ykn nama seeraan dhorkame yoo ta'e, karaa maatii ykn guddistuu waliigaltechichi raawwatama. Dandeettii dhabuun eegamaa hafaa erga ta'ee booda kan itti fufu yoo ta'e, namni eegamu sun waliigaltee sana ofii itti waliigalee mallatteessuu qaba.**

Waliigaltee Addaa...

- Waliigalteen addaa kun yoo **wantonni lama wal-irra dhufan** akka ta'e namatti mul'isa. Innis ragaa silumaayyuu saaxilamaa (vulnerabale witness) ta'ee fi ragaa eegumsa akka labsii kanaatti eegumsa barbaadu yoo ta'eedha i.e minor as well as protected witness. Kunis:-
 Daa'imman maatii ykn guddiftuu isaanii irratti jecha ragummaa ykn odeeffannoo kan kennan yoo ta'e,

Waliigaltee Eegumsa...

- **Maatiin ykn guddiftuu sababa gahaa malee heyyama kennuu yoo didaniidha.**
- **Waliigalteen addaa kun guyyaa uumamee kaasee guyyaa 10 keessatti MMO Federaalaaf dhiyaachuu qaba.**
- **Manni murtichaa fedhii daa'ima isa ol'aanaa fi nageenya daa'imtichaaf jecha waliigaltecha mirkaneessuu, haquu ykn fooyyessuu danda'a, Yoo haqame, daa'imtichi eegumsa jalaa baha,**

Dirqamoota...

- **Dirqama Ragaa ykn SGY eegumsa argatee:**
 - **Odeeffannoo ykn ragummaa dhugaa, ifaa fi guutuu kennuu,**
 - **Dhimma dhuunfaa Ministiirichi gaafate guutuu,**
 - **Tarkaanfilee eegumsaa gocha guufachiisu irraa of qusachuu,**
 - **Ajajaa fi qajeelfama eegumsaaf darbu fudhachuu fi hojiirra oolchuu,**
 - **Yeroo gaafatamutti qorannoo meedikaalaa gochuun dhiyeessuu, gorsa fudhachuu,**

Dirqamoota...

- **Osoo eegumsa irra jiruu himannaa yakkaa irratti dhiyaatu ykn murtii mirga mulquu irratti darbe Ministeerichaaf ibsuu,**
- **Gochoota eegumsicha gufachiisan kamiyyuu gabaasuu,**
- **Eegumsa dhokataa (surveillance) fudhachuu,**
- **Baasii bu'uuraa irraa gara of danda'uutti ce'uuf tattaaffachuu, fi kan biroo.**

Dirqama Ministeerichaa...

- **Kan waliigalameen olitti bilisummaa fi mirga ragaa fi SGY daangessuu irraa of qusachuu,**
- **Gochoota eegumsicha gufachiisuu danda'an irraa akka of qusatan ragaa ykn SGY dursanii beeksisuu,**
- **Baasii bu'uuraa jireenyaa fi yeroo turtii isaa beeksisuu,**
- **Eegumsa jala kan jiraniif gorsa argachuu isaanii mirkaneessuu, fi tarkaanfilee biroo**

Addaan Citiinsa Waliigaltechaa, kwt 12

- **Guyyaa waliigalteedhaan ibsame yeroo xumuru, garuu namni eegumsa jala jiru iyyatee yoo fudhatama argate guyyaan isaa dheerachuu danda'a(kwt 13),**
- **Namni eegumsa jala jiru yoo du'e,**
- **Namni eegumsa jala jiru fedhii isaatiin eegumsicha yoo dhiise,**
- **Maatiin ykn guddistuun daa'ima ykn nama seeraan dhorkame irraa akka ka'u yoo gaafatan,**
- **Daa'imni ykn namni seeraa dhorkame erga of danda'anii yoo waliigaltechi akka itti fufu hin barbaanne ta'e,**

Addaan citiinsa...

- **Waliigaltechi osoo jiruu haalli eegumsi akka godhamu taasise yoo dhabame,**
- **Eegumsichi akka hin milkoofne namni eegumsa jala jiru ofiin yoo gufachiise**
- **Namni eegumsa jala jiru dirqamoota armaan olii yoo raawwachuu hafe,**

Eenyummaa fi Abbummaa Qabeenyaa Dhoksuu fi Mirga Nama 3ffaa, kwt 14

- **Sanada eenyummaa fi qabeenyaa isaa dhoksuuf kennameefii waliigaltee dirqama seeraa nama 3ffaa irratti dhiibbaa uumuu danda’u uumuu kan danda’u, yoo iyyatee heyyama Ministeerichaa argateedha.**
- **Iyyati isaa yoo fudhatama dhabe, Ministeericha beeksisuudhaan maqaa isaa isa dhugaadhaan karaa bakka bu’aa isaa(agent) dirqama kana seenuu danda’a.**

Eenyummaa Jijjiiruu fi Nama 3ffaa (kwt 15, 16)

- **Malootni eegumsaa biroon nageenyaa isaa eegu yoo dhabame qofa, eenyummaan akka jijjiiramu heyyamama.**
- **Namni eegumsa barbaadu kun osoo eenyummaan isaa jijjiiramee hojiirra hin oolin fuula dura dirqama inni nama 3ffaa wajjin galee jiru yoo jiraate raawwachuu qaba. Yoo dirqama isaa raawwachuu dadhabe, eenyummaa jijjiirrateen akka dirqama isaa raawwatu Ministeerichi heyyamuu danda'a.**

...Nama 3ffaa...

- **Erga eenyummaa jijjiirratees, mirgaa fi dirqama isaa karaa bakka bu'aa raawwachuu danda'a (kwt 16).**
- **Erga eenyummaa osoon hin jijjiirratin fuula dura yoo dirqama qabaachuu isaa hin beekne ta'e, dirqamicha akka raawwatuuf Ministeerichi gaafachuu danda'a, yoo inni dide ykn raawwachuu dadhabe, Ministeerichi dirqamicha ofii raawwachuu danda'a ykn eegumsicha addaan kuta.**

Mirgaa fi Dirqama Eenyummaa Haaraa, kwt 17, 18, 19

- **Odeeffannoo Ministeerichi kennuuf irratti hundaa’uun, qaamoleen sanada garaagaraa kennan eenyummaa isaa isa haaraadhaan qopheessanii kennuufiif dirqma qabu.**
- **Mirgaa fi dirqama eegamaan kun eenyummaa haaraa keessatti qabu hundi karaa Ministeerichaa quunnamtiin taasifama.**
- **Utuu eenyummaan isaa hin jijjiiramin dura yakka raawwateef Manni murtii akka dhiyaatu**

...Eenyummaa Haaraa

- **Manni murtichaas haala eegumsicha hin gufachiifneen dhimmicha dhagahuu qaba.**
- **Osoo eegumsichi hin taasifamin dura dhimma yakkaa irratti ragaa yoo ta'ee waamames karaa Ministerichaan dhiyaata.**
- **Dhimma siivilii irratti immoo eenyummaa isaa duraatiin akka dhiyaatu Ministeerichi heyyamuu danda'a jedha. Yoo heyyama dhorkate immoo karaa bakka bu'aa isaatii itti hirmaata.**

Eenyummaa Duriitti Deebi'uu, kwt 20

- **Yoo yeroon waliigaltee xumurame ykn osoo yeroon waliigaltee hin xumuramin malli biraa eegumsi ittiin taasifamu yoo argame, ykn**
- **Eenyummaa jijjiiruun dhaabbii qaama 3ffaa kan akka gaa'ilaa fi abbummaa irratti dhiibbaa guddaa kan hin hordofsiifne yoo ta'e eenyummaa isaa duraatti ni deebi'a.**

Eenyummaa Durii...

- **Yeroo eenyummaan isaa duraa deebi'u sanadootaa haaraa ni deebisuun eenyummaa duraatiin sanadni barbaachisaan kan deebi'uu fi kennamuuf ta'a.**
- **Dirqamoota seeraa inni eenyummaa haaraan gale yoo jiraate eegamaa ta'a.**

Iccitii, kwt 24

- Sanadii fi odeeffannoowwan waa'ee nama eegumsa jalaa jiruu baay'ee iccitaawwaa ta'uu qaba (*classified as strictly confidential and kept accordingly*).
- Heyyama hooggantoota Ol'aano Ministeerichaan ala odeeffannoo kana argachuun hin danda'amu.
- Haa ta'u malee, haalota armaan gadii keessatti odeeffannoo fi sanadi nama eegamuu heyrama Ministeerichaan ala argachuun ni danda'ama.

Confidentiality...

- **Eegamaan fedhii isaatiin akka odeeffannoon bahu yoo itti waliigale,**
- **Dursee odeeffannocha ofiin baaseera yoo ta'e,**
- **Odeeffannoon argamu yakka adabbiin isaa waggaa 10 fi isaa olii ykn du'aan kan adabsiisu qorachuuf kan oolu yoo ta'e,**
- **Odeeffannoon bahu kun qulqullummaa nama biraa baasuuf kan fayyadu yoo ta'e (innocence of another suspect in the criminal case).**

Confidentiality...

- **Ta'us garuu odeeffannoon haala kanaan bahu dirqama ulaagaa armaan gadii ilaalcha keessa galchuu qaba:**
 - 1. Miidhaa ykn dhiibbaa inni nama eegumsa jala jiru irraan gahuu danda'u,**
 - 2. Malootni biroon ittiin odeeffannoon argamu kanaan ala kan biraan yoo jiraachuu baate,**
 - 3. Namni odeeffannoo argatu, dhimmicha qofaaf kan oolfatu ta'uun yoo beekameedha.**

HORAA BULAA!

DEEBANAA!